

"እልዕም ፈሮ ተወካይ ከኩም የም መደገናን አዎች"



ክርስቲያን እግዥ ቤት በየገዛ ዓዋጅ



Har'a mandara Daawititti Fayyisaan isiniif dhalateera. Innis Kiristoos Goofticha dha."

(Luuq. ይ-ፌ-ፌ/2:1-12/)



Addaam abbooma Waaqayyo diigee, duuti foonii fi duuti lubbuu akkasumas awwaalaatti darbatame fi abiddi bara baraa itti murtaa'ee "Abbaa koo Waaqayyo Gooftaa, Iddoo koo Gannataa dhabee hafaa?" jechaa odoo gaddu, "በአመሰኔ ዲለት መጠኑኬታ ለደለት እት-ውለድ እምወለት መለትኩ ወቅት-በዚወጥ መጠጥት-የ፡፡ Guyyoota shanii fi walakkaan booda dhala dhala kee irraa dhaladhee Fannoo kootiin fi du'a kootiin si fayyisa." Jechuudhaan isa jajjabeesseera.

Yeroon isaas yeroo gahu, bara irraa bara; ji'arraayis ji'a; torbee isaarrraa torbee akkasumas, guyyaasaa irraa guyyaasodoo hin dabarsin Haadha keenya, Fageessituu dheekkamsaa, Fidduu Araaraa, Qulqulleettii Qulqullootaa Giiftii keenya Maariyaamirraa Dubrummaan; akkuma Gadaameessi ishee chaappeeffameen dubrummaa ishee odoo hin jijiirin dhalateera.

Kunis akkamitti ta'u danda'e? yoo jedhan; Giiftiin keenya manuma Yooseef Qulqulichaa keessa odoo jiraattu, barri sun tibba gidiraa (ዘመኑ አገባ) waan tureef, daldalaaf bahee ji'oota sadii dabarsee hoggaa dhufu, michuu isaa kan ta'e Yoohaannis kan jedhamu hayyuun tokko isa (Yooseef Qulqulichaa) gaafachuuf dhufe. Yeroo gara mana Yooseef seenuu

ulfa'uu Giiftii keenya beekee, "Durbeen tun sirraa ulfoofte moo nama biraan irraayi?" jedheen. Yooseefis "An waan akkanaa kana raawwachuu miti yaadeetu hin beeku." Jedheen. "Maarree, seeni gaafadhu." jedhee biraan deeme.

Yooseef gara Giiftii keenya dhaqee "እ መለት እነራሳል መተፈረጋ አከናል ይጋግልኝ፡፡ መእምሮ መተፈረጋ እነዚ፡፡ Yaa intala Israa'eel, eenyutu dubrummaa kee balleessee akka ulfooftu ta-asise?" Jedhee ishee gaafannaan "እም መንፈሳ ቅጽ፡፡ Afuura Qulqulluu irraayi." jetteen. Dabaluudhaanis, "Maaloo, simbirrootaan amaluma isaaniirraa; biqiltuuwwanis ija (firii) akka naqatan kan taasisu Waaqayyo kana (An sanyii dhiiraan ala akka ulfaa'u) godhuu dadhabaa?" jettee muka gogee balbala isaanii dura dhaabate lalisee akka argamu taasistee itti agar-siistee jirti.

Yeroo bayy'ee dhalli namaa waan Waaqayyoon raawwatu tokko hubachuuf ogummaa mataasaa fayyadamee bira gahuu barbaada. Waaqayyo immoo hojiin isaa samuu namaadhaa oli. Akuuma beekkamu, dhalli namaa sanyii kormaa fi sanyii dhalaa irraa wal-hora. Giiftii keenya irratti kan raawwatame garuu, kanarrraa aadda. Ulfaan dura, yeroo ulfaas, ulfaan boodaas; akkasumas dahuumsaan dura, yeroo dahuumsaas, dahuumsaan boodaas durbee dha. "ወይበለኔ እግዥአብዕር ቦታዊ እንቀጽ ዕዕወ ይከተማ መኢትዮጵያው መኢትዮአብ ቦታ እስከ እስመ እግዥአብዕር እምነት እነራሳል ቦቱ ቦታ ወይከተማ ዕዕወ፡፡ Waaqayyo anaan Karri kun cufamee taa'a malee hin banamu; Waaqayyo Gooftaan Israa'eel achiin waan ol-galeef." jedha waan ta'eef (Hiz. የዚ-ፌ/44:2, Galata Maariyaam kan guyyaa Roobii)

Ji'a sagalii fi bultii shaniin baada, guyyaan dhalachuu Gooftaa yeroo gahu, "ወጪ ታ-ቤት እምነት እውጥነት ቅጽ ከመደረሻ ካ-ለ ዓለም፡፡ Yeroo sanatti uummanni Adduunyaa keessa kan jiraatan hundinuu akka galmeeffamanif Awgisx-oos mootichaa irraa ajajni ni bahe." Yeroo kanatti "ወወድቂ የለና መሰተት ዓለም መዋጊ ሆነና፡፡ Yooseef gar-malee

cinqame." Jedha Kitaabni Qulqulluun. Maaliif cinqame yoo jedhan, "Yoon Ishee fuudhee deeme, dhagaan tumanii na jalaajeesu. Yoon dhiisee deeme immoo "Waan goote beekkattee, mudhii jabeeffattee" akkuma jedhamutti "Hojiisaab beekkatee Dubree Maariyaam dhiisee dhufe naan jedhu" jedhee ti.

Yeroo sanatti Ergamaan Waaqayyoo abjuun itti mul'atee "እኩዎች ወልደ የዋጥት አትኩራሱ ካስተው ለማርያም ፍንጻቸው እነዚ እመንፈሰ ቅዱስ ወኩቱ:: Ulfi ishee Afuura Qulqulluu irraayi waan ta'eef Kaadhima kee Maariyaam fudhachuu hin sodaatin" jedhee itti himnaan, Giiftii keenya fudhatee gara Beeteeliheemitti dhaqeera. Yeroo sanatti Ayhudoonti hammeenyaaf hin taa'an waan ta'eef, bishaan summaa'aa ykn "ማየሁ ዘላፍ" haa dhugdu jedhamtee akka dhugdu taasis-amteetti. Yeroo sanatti "ወእኖ ደለ ገዢ እምበርሃን ትኩረ:: Fuulli Ishee ifa biiftuu caalaa ni ife." Ifa fuula Ishee agarraan, "Mucayyo tanaan waa malee hamanneerra. Wayyoo nuuf!" jedhan.

Achumatti odoo jiran, yeroo guyyaa dahuumsaa ishee gahu, "መወደት መልደ በዕቅድ:: መአሰራቶ መገዢበያት፣ መጠብለዕች በእግዚቻት መአከቦች መሰተ ሲሉ እነዚ እሳዎች መከተ ማገራርመ:: Ilma Angafaa (Gooftaa) ni deessee, quba isaa isa guddichaa hiitee, bakka bultii waan hin arganeeif wayyaan (huccuun) martee mooraa horii keessa ciibsite." Luuq. ይቻ/2:7

Samii fi lafti kan isaa ta'anii odoo jiran bakka itti dhalatu dhabee mooraa loonii keessa dhalate. Lafa bal'oo kana biqiltuun kan uffise waan uffatu dhabee huccuun maram. "በኢትዮጵያ አንዳደር ሪፖርት እንዲ በዕቅድ መሰተ ከመ አንቀጽ ተብሎ በንዳደር ዘመኑ:: Qabaata ta'ee odoo jiru, isin deegaa ta'uusaatiin akka badhaatanifi dureesichi isiniif jecha deegaa ta'e." ክffaa Qor. ይቻ/8:9 Waa malees miti; akka Isa fakkaannuuf, nu fakkaatee kan dhalate. Maaliif dubartii irraa qofa dhalate? Yoo jenne, innis sababa mataasaa danda'e qaba.

1. Dhaloota lamaan nubarsiisuufi dha. Uumamuu Lafaa fi samiin dura haadha malee Abbaa irraa qofa akkuma dhalate; uumamuu adduunyaan booda immoo Abbaa malee Haadha irraa qofa dhalate. "ልደት ቅዱማዊ ተከወቂ ቅዱማዊ ልደት:: Dhalachuun isaa inni duraa Dhalachuusaa isa boodaan" akkuma jedhameen dhalachuu Isaa is jal-qabaa hubachuu akka dandeenyuuf lammuu dhalachuudhaan nuhubachiise.
2. Raajiin dubbatame fi fakkeenyi fakkeeffame raawwii akka argatuufi dha. Kunis::

A. "ናብ ደንግል ታደንሰ መተወልድ መልደ:: Egaa, Durbeen ni ulfoofti; Ilmas nideessi." jechuun raajii Raajaa Isaayyaasiin dubbatame akka raawwatamuufis dha. Isaay. ይቻ-10/7:1-14

B. Abbaan keenya Addaam lafa chaappeeffamte (lafa homtuu irraa hin uumamne fi hin qotamne) irraa ar-gameera. S.Bahuu ይቻ/2:7 Haati keenya Heewaanis cinaacha Addaam isa cufamaa ta'e irraa argamteetti. S.Uma. ይቻ-ኩጥ/2:21-23 Kun lachuu immoo agarsiista dubrummaan dhalachuu Gooftaa keenyya Iyyasuus Kiristoosi ti.

3. Beeteelheemitti dhalachuun isaas ammas raajiin dubbatame fi fakkeenyi fakkeeffame akka raawwatamuufi dha.

A. Raajichis "ናብ ለማሻሻል በእቅድ፤ መረጃዎች መሰተ የሙ ገዢ:: Efraataatti isa argine; bosona keessas isa arganne." Faar. ይቻ-ኩጥ/131:6 jechuun fedha Waaqaayyoof mijataa kan ta'e Raajaan Daawiit dubbateera. Miikkiyaasis "ወእኖ ደለ ምድረ እኩራሱ አትኩራሱ እምበርሃን ወሆኑ ወመክምሮ ለአገልግሎት እነዚ እንደሸከዣ ወመክምሮ ለአገልግሎት እነዚ እኩራሱ:: Ati immoo yaa magaalaa Beetalheem kutaa Eefraataa; magaalota Yihuudaa warra gurguddoo irraa hin hanqattu, Mootiin Israa'eel eegu si keessaa ni baha." jechuun abdii horachiiseera. Miik. ይቻ/5:2

B. Fakkeenyi isaa immoo, mootii saba qomoo Israa'eel kan ta'e Qul. Daawiit Beeteelheem keessaa filatameera. Saam. (1)ቻ/16:1 Ilmaan namaa lubbuun illee, fooniin illee kan baraare Mootiin Samii fi Lafaa kan ta'e Iyyasuus Kiristoosi Beeteelheemitti dhalachuun isaatiif fakkeenyi ture.

Yeroo inni dhalatus, beeyladoonni manaas hafuura isaaniiti-in isa tajaajilaniiru. Kana gochuun isaanii qorra halkanii yeroo sanii hammam akka ulfaatu (namatti qorru) agarsiisuufi dha. Yeroo sanatti Tiksitoonni illee achi turani waan ta'eef, Ifa naannawa sana guutee jiru fi mil'achuu Ergamoota Waaqayyoo arguu isaaniitiin ajaa'ibsiifachaa turan. Yeroo kana Ergamaan Waaqayyoo garasaanii dhaqee "እነዚ ናብ ተወልድ ለእኩዎች የም መድገት በዕቅድ ክርስቶስ እግዢ በኩጥ ቅዱማዊ ልደት:: Har'a magaala Daawititti Fayyisaan isiniif dhalateera. Innis Eebbfamaa Kiristoos Goofticha dha." Ergamoonni Waaqayyoos "ስብአት ለአገልግሎት ለአገልግሎት መሰተ ምድረ ምድረ ለሰበት:: Samiirratti Waaqayyoof galanni haa ta'u; dhala namaafis akkasuma lafarratti." jechaa hoggaa gara samii ol-bahan arganii 'Dhaqnee laalla.' Jed-

hanii deemnaan, Ergamoonnis “እማኑ ዘተና የምድር መከያደ
እግዥ:: Samiin teessoo isaa laftis bakka ejjennoo komeesaa-
fuu kan hin geenye” (Isaay. ፳፭:፭/66:1) Gooftaan gooftolii
hojjaa gabaabaan fi bal’ina dhiphaan murtaa’ee, huccuu
maramee, mooraa keessa ciisee jiruun arganii gammadani
gara samiitti ol-baanaan, abbummaa amalaa Abbaa Isaatiin
fi Jirenya Amalumaa Afuura Qulqulluutii wal-qixxaatee jiru
laalanii “ስብሰት ልእግዥናዕና በእማኑ ወለምና በምድር
እምራቱ ለእብኩ:: Samiirratti Waaqayyoof galanni haa ta’u;
dhala namaafis akkasuma lafarratti.” Jechaa galateeffatanii,
mi’ayina galataa irratti mi’ayinni galataa dabalamieefi,
kennaarrattis kennaan dabalamieef gammadaniiru.

Akkuma ilaalletti, dhalachuu Gooftaa keenyaan kan gam-madan Ergamoota Waaqayyoo fi ilmaan namaa qofa miti; beeladoonnis, bineensonnis gammadaniiru. Kun akka beekamuufis gaafa Gooftaan itti dhalatetti kallattii ‘Quwaaraa’ ir-raan nama lagataa adduunyaa (baahitaawii) hidda mukaa (quwaarf) qotaa odoo jiru, kurupheen takka “የም ተወልድ መድሃኒ ዓለም:: Fayyisaan adduunyaa amma dhalate. የም ተወልድ በይ ክሳ- ዓለም:: Beenyaan lubbuu ilmaan namaa amma dhalate. የም ተወልድ ክሳ- ብርሃን:: Mil’achiisaan Ifaa amma dhalate.” Jechaa burraaqaa jirtuun arge.

Kana qofa miti, “በኢንተ ልደቱ አከርናቶች እናናገር ከነ ህብት አይወቅ ወዕዱው ገዢምኑ ይረዳ አስከለ በረከት ወማያ ባኩርና ከነት ሰላም ወመኗል:: Dhalachuu Gooftaa keenyaan gaarreen soorata jirenyaa ta’ani. Mukkeen bosonaas ija eebbifamaa naqatan. Bishaan galaanaas damma fi aannan taate.” jedha- muudhaa afaan Yaareed Qulqullicaatiin akkuma dubbat- ameen Dhalachuu Gooftaa keenyaan raajiin ajaa’ibsisaan mul’ateera.

Ammas, “ሰብአ ስንድ” Namoota Ogummaa (Maantuseemaar Maalkuu fi Baadiidaasfaa)“ kan jedhaman mootootni Faars, dhalachuu Gooftaa keenyaa mul’achuu urjii adda taateen beekanii Sookoo (warqee), Ixaana fi Qumbii (karbee) Gan-nata keessaa argame fuudhanii dhufanii Gooftaa keenyaaf harka kaa’aniiru.

Sookoo (warqee), Ixaana fi Karbee kana akkamitti argachuu danda'an yoo jenne, erga abbaan keenya Addaam Gannati keessaa baheen booda, Ergamoonni Waaqayyoo Qulquluu Mikaa'eel, Qulqulluu Gabri'eel fi Qulqulluu Ruufaa'eel Sookoo (warqee), Ixaana fi Karbee fidanii itti kennani. Innis (Addaam) Heewaanifiif “**እኩል ውስዴ!**” Fuudhu firii kee! (ija mu-kaa) jedhee itti kenne. Ishiinis Seetiif (mucaa bakka Abeeliitti dhalate) kennite. Akks jechaa dhalootarraa dhalootatti

darbaa dhufee bara Akaazitti mootii Teelgeelfeelsoor jed-hamu booji'ee fuudhee kutaa qabeenyaa isaa keessa kaa'ee-
ture.

Abbaan isaanii (kan namoota ogummaa) Zharadashat (filleesoofeera dha) gayyaa tokko qarqara galaanaatti dhaqee falaasama isaa yeroo geggeessu, gabatee (saleedaa) urjii irratti durbee finna ishii hammathee jirtu arge. Waan arge sana gabateerratti (saleedaarratti) bocee lafa kaa'e. Hoggaadulloomee du'uuf gahu ijooleesa waammatee "Yaa ijooleekoo, gaafa urjii gosa kanaa samiirra argitan, Mootiin Samiirraa ni dhalata waan ta'eef waan kana (Sookoo /warqee, Ixaana fi Karbee) fuudhaa dhaqaa too harka fuudhaa! /gabbaraa!/" jedhee itti kennee du'eera.

Mootootni kunis, gorsa abbaa isaanii fudhatanii kudha lama ta'anii ka'anii karaarra diinni itti kaanaan sagalan isaanii deebi'aniiru. Isaan sadeen garuu, Sookoo (warqee), Ixaana fi Karbee fuudhanii dhufanii harka fuudhaniiru /gabbaranii-ru/. Kana dhufiitiin Sookoo (warqee), Ixaana fi Qumbii (Karbee.)

አንበሳ ከዚ ታትወቃድ ስእለቶሙ ወመሆምዕጥሙ በመደኑስ ከዚ ታታወቃድ ለሙስ ታጠክቶሙ:: Namoonni ogummaa sunis arganii guddaa gammadan, gara mucaa keettis seenanii ilsa dura dhaabatan. Lafattis kufanii sagadaniif. Sanduuqa isaanii is bananii sookoo (warqee), ixaana fi qumbii harka-fuudhii (simannaa) dhiyeessaniif. “Kadhanna lammikee aarsaa isaanii fudhachuuf cubbuusaaniis isaanii dhiisuuf kan dhufte yaa Gooftaa keenya, harka-fuudhii siif dhiheessine, maqaa Kee ulfaataafis ixaana Si'irraa arganne siif dhiheessine.” Baha Ifaa keey. ₩/4ffaa Ogeeyyiin kun dhufanii sagadaniif Sookoo Mootummaa isaaaf, Ixaanicha immoo Waaqummaas-aaf Qumbii (Karbee) immoo nuuf jecha du'u Isaa gabbaran san, tokkoon tokkoo isaanii raajii gara garaa laalan. Inni tokko daa'ima argee harka fuudhee sagadee bahe. Inni kuun immoo ga'eessa argee innis harka fuudhee sagadee bahe. Inni sadaffaanis maanguddoo argee harka fuudhee sagadee bahe. Dhumarrattis, inni daa'ma arge “An daa'ima argee harka fuudhee sagadeen dhufe.” jedhe. inni ga'eessa argues, “An ga'eessa argee harka fuudhee sagadeen dhufe.” jedhe. Inni maanguddoo argues, “An maanguddoo argee harka fuudhee sagadeen dhufe.” jedhe. Waan argan ajaa'ibsiifataniiru deemnaan isa daa'ima argeef ga'eessa, isa ga'eessa argeef maanguddoo fi isa maanguddoo argeef immoo daa'ima ta'ee itti mul'ate. Ammas waan argan ajaa'ibsiifataniiru deemnaan isa daa'ima si'a sadaffaat seennaan, isa daa'ima fi ga'eessa ta'ee itti mul'ateef maanguddoo, isa ga'eessa fi maanguddoo ta'ee itti mul'ateef daa'ima fi akkasumas isa maanguddoo fi daa'ima ta'ee itti mul'ateef immoo ga'eessa ta'ee itti mul'annaan ajaa'ibsiifachaa galateeffataniiru. Galaa (sinqi) akka ta'uufis Giiftiin keenya biddena garbuu tolchitee itti kenniteetti. Isaanis, hamma biyyasaanii gahanitti miseensota raayyaa isaanii wajjiin nyaachaa turanii hoggaa magaala isaanii gahan, “Nyaata Qulqulluu kana gara magaala keessa hin galchinu.” jedhanii seensa magaalichaatti awwaalanii galani. Warri magaalicha keessa turan “Geessanii dhuftanii?” jennaanin “Eeyyeen, geenyee dhufne.” jedhaniin. Jarrillee “Meerree ragaan keessan?” jedhanii gaafannaan,

1. Karaa waggaa lamaaf deemne guyyaa afurtamaan dhufneerra.
2. “Haati Mootichaa (Daam'imichaa) galaaf (sinqiif) biddeena nuuf kennite tajaajiltoota keenya wajjiin soorachaa dhufnee gara magaala hin galchinu jennee seensa magaalichaatti awwaalleerra.” jedhanii itti himnaan “Nutti agar-siisa!” jennaan ho'ituu isaa (ho'i isaa odoo ol-hurku) ilaanii ajaa'ibsiifataniiru.

Dhalachuun Gooftaa keenya jaalala ilmaan namaa giddutti dhufeef hundee dha. Waaqayyoo fi nama, namni fi Erga-moonni akkasumas lafti fi samiin jaalala uumaniiru. Karaa biraatiin illee yoo laalle, Gooftaan keenya nuuf jecha aarsaa ta'u kan jalqabe daa'imummaa isaatirraayi. Raajii agarsii-suun kan jalqabe illee daa'imummaa isaatirraayi. Sababuma isaatiin dhaaltuu Mootummaa isaa, faarsituu maqaa Isaa, eeebbistuu ulfina Isaa taanerra. Fedhuma isaatiin kadhan-naan keenya haqxuu cubbuu, human seexanaa kan dhabsiisu fi Mootummaa Waaqayyoo kan dhaalchisu ta'eera.

Waaqayyoof galanni haa ta'u.

**Durbee Isa deesseefis Fanno Ulfaataa Isaafis
Galanni haa ta'u.**

Kitaabilee Wabii

- †. Kitaaba Qulqulluu hiikkaa Amaariffaa maxxansa bara 2000 B.A
- †. Kitaaba Qulqulluu hiikkaa Afaan Oromoo maxxansa bara 1997 B.A
- †. Hiika galuumsaan Wangeelota Afranii (Andimtaa Wangeel)
- †. Faarsaa Daawit Kan Gi'iizii maxxansa bara 2003 B.A
- †. Hiika galuumsaan ergaawwan Duuka bu'aa Phaawloos Qul-qullicaa (Andimtaa Paawloos)

Galata Maariyaan